# XIINXALA WALDHABBIIFI QOODDACHIISUU ASOOSAMA MADAA CIQELEE

IYYAASUU BANTII

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMMOO, OGBARRUUFI FOOKLIIRII

KOOLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA,

JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII  FINFINNEE

FUULBAANA, 2021

FINFINNEE

# XIINXALA WALDHABBIIFI QOODDACHIISUU ASOOSAMA MADAA CIQILEE

QORATAAN: IYYAASUU BANTII

GORSAAN: LATAA FAYYISAA (MA)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

KOOLLEEJJI NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTA, JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FUULBAANA, 2021

FINFINNEE

## Galata

Hunda dursa,bu'aa bu'ii jireenya koo keessatti na waliin ta'ee asiin kan an ga’e Waaqayyoof galanni koo daangaa hin qabu.Akkasumaas,gorsaafi barsiisaa koo kan ta'an barsiisaa Lataa Fayyisaa(MA) waraqaa qorannoo kun akka toora qabatuuf yeroofi dandeetti isaanii osoo hin qusatin na waliin kan turaniifis galanii koo guddaadha.

## *Axeerara*

*Kaayyoon qorannoo kanaa,xiinxaka waldhabbiifi qooddachiisuu asoosama dheeraa Madaa Ciqilee xiinxalun ibsudha.Qorannoo kana galmaan ga'ufis,malli qorannoo dhimma itti ba'ame mala qorannoo akkamtaatti.Haala dhiyaan isaa qorannoo ibsituudha.Akkasumalee, malli iddattoo qorannoo kanaa immoo miti carraa yoo ta'u,maxxansawwaan asoosamota Afaan Oromoon bahan keessaa asoosama Madaa Ciqilee irraatti.Caacculee asoosama keessaa waldhabbiifi qooddachiisuu irratti ragaalee funaanuun kan xiinxalameedha.Adeemsa qorannoo kanaa keessattis qorannoowwaan bira ga'amanis, asoosamni Madaa Ciqilee asoosama Oromoo keessatti gaheefi bu'aa gudda akka qabu kan birgameera.*

BAAFATA


Qabiyyee Fuula

Galata ........ i

*Axeerara* ........ ii

BOQONNAA TOKKO:  SEENSA ........ 1

1.1 Ariirraata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'uumsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 3

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 3

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 4

1.4. Faayidaa Qiorannichaa ........ 4

1.5. Daanga Qorannichaa ........ 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 4

1.7. Saxaaxa Qorannichaa ........ 5

1.7.1. Madda Raaga ........ 5

1.7.2. Mala Iddateessu ........ 5

1.7.3. Mala Funaansa Ragaale ........ 5

1.7.4. Mala Xiinxala Ragaa ........ 5

BOQONNAA LAMA:  SAKKATTA'AA BARRUU YAADRIMEE ........ 6

2.1 Ogbarruu ........ 6

2.2. Gosoota Ogbarruu ........ 7

2.3. Ogbarruu Barreeffama ........ 7

2.4. Asoosama ........ 7

2.5. Asoosama Dheeraa ........ 8

2.6. Asoosama Gabaabaa ........ 8

2.7. Caacculee Asoosama ........................................................................................ 8
2.7.1. Naamfakkii Yookiin Qooddattootaa ................................................................ 8
2.7.2. Jaargocha ........................................................................................ 9
2.7.3. Yoomessa ........................................................................................ 9
2.7.4. Waldhabbii ........................................................................................ 9
2.7.5. Ergaa ........................................................................................ 9
2.8. Yaadrimee Waldhabbii ........................................................................................ 10
2.8.1. Akaakuuwwan Waldhaabbii ........................................................................ 10
2.8.2. Amloota Waldhabbii ........................................................................ 12
BOQONNAA SADII: XIINXALA RAGAALEE ........................................................ 16
3. Seecaatii Waldhabbiifi Qooddachisuu Asoosama Madaa Ciqilee .................................. 16
3.1. Seenaa Asoosamicha Gabaabinaan ........................................................................ 16
3.2. Xiinxala Waldhabbii Asoosama Madaa Ciqilee ........................................................ 17
3.2.1. Waldhabbii Qooddataafi Uumamaa ........................................................ 17
3.2.2. Waldhabbii Namaafi Namaa ........................................................................ 18
3.2.2.1. Waldhabbii Shewaayineshfi Dargaggoota Oromoo ........................................ 18
3.2.2.2. Waldhabbii Lammeessaafi Poolisii ........................................................ 19
3.2.2.3. Waldhabbii Konkolaachisaafi Obboo Galataa ........................................ 19
3.2.3. Waldhabbii Xiinsammuu ........................................................................ 20
3.2.3.1. Waldhabbii Falmaataafi Sammuu Isaa ........................................................ 20
3.2.2. Qooddachiisa Alkallatti ........................................................................ 22
3.2.2.1. Deddebisa (Dialogue) ........................................................................ 22
3.2.2.2. Gochaa ........................................................................................ 23
3.2.2.3. Ilaalcha Yaada ........................................................................................ 24
3.2.2.4. Ilaalcha Qooddattootaa ........................................................................ 24

3.3. Ciminaafi Hanqina Waldhabbii Uumuufi Qooddachisuu Keessatti Mul'ataan .................. 25
3.3.1. Ciminaafi Hanqina Waldhabbii Uumuun Mul'ate ....................................................... 25
3.3.2. Ciminaafi Hanqina Gama Mala Qooddachisuun jiran. ............................................... 25
BOQONNAA AFUR: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA ..................... 26
4.1. Guduunfaa ........................................................................................................................ 26
4.2. Argannoo .......................................................................................................................... 27
4.3. Yaada Furmaata ............................................................................................................... 27

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ariirraata Qorannichaa

Ogbarruun daandii dhalli nama irraa socha'aan jiruufi jireenyaa isaa maal akka fakkaatu kan keessatti ofilaaluudha.Karaa biraan immoo ogbarruun muxxannoo jiruufi jireenyaa keenyaa keessaa darbaruu,fakkii jireenyaf muuxannoo keenya ittiin miidhagsinee kan ittin ibsinuudha.(Jarraa fi Wasanee,2008) akkaas jechuun ibsaanii jiruu.Yaada kana irraa kan hubbannuu,ogbarruu suuraa keessatti of ilaalaan ta'uu isaati.

Hiikaa ogbarruu ilaalchisee hayyoonni hiika adda addaa itti kennaniru.Asafaa(2009:16) akka ibsuutti "ogbarruun waa’ee ummataa ummaataaf deebisee kan dhiyyeessu,daww- ttii jiruufi jireenyaa dhalla nama kan ibsuudha".Jechuun ibsee jira.Yaada kanaarra kan hubbannuu,yaadrimeen ogbarruu bal'aa,umurii dheeraafi xiyyeefti isaa jiruufi jireenyaa ummaata ta'uun isaadha.

Akkasumalee barreessaan Melakneh(1991:1) hayyuu Sirw,releigh wabbeeffachuun ogbarruu yeroo ibsuu "Literature is a creativity work of art which express the thruth of experience interms of beauty to be comprehended and it is means of communcating idea of intellectual and social significances" jedha.Yaada kana irra kan hubbannu,ogb-arruun ogummaa hojii kalaqa kan muxxannoo dhugaa bifa bareedina qabuun akka hubbatamu danda'uutti ibsuufi karaa waliigaltee yaada hayyoota akkasumaas,yaadaa hawaasa barbaachisaa aka ta'eedha.Kanaaf,yaadolleen hawaasa keessaa jiran karaa ogbarruu hubbachuun akka danda'amu ta'uu isaadha.

Kanna malees Asafaa(2009:22) hayyuu Beliniskiin wabbeeffachuun ogbarruu yeroo ibsuu "Ogbarruun ibsa hambaa yaada ummaata isaa olaanaa kan jechaan ibsamu.Ad-aan osoo hin cittin gaggeeddaramaafi foofoyya'aa lufuufi fuufuu isaattin duudhaa afaanumaafi barreeffamaan adda taha".Yaada kan irraa waanti mul’atu ogbarruun jiruu fi jirreenyaa dhaala nama ta'uu isaati.

Ogbarruun bakka gurguddoo lamatti qoonee ilaala Isaaniis ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afoolati.Yaada kan ilaalchisee Asafaa(2009) akka jedhuutti "Ogbarruun kalaqa sammuu ta'e barrrrffmaafi afaanin miidhagsee,mi'eesse kan yaada barbaade kana dabarsuudha."jechuun ibsee jira.Yaada kan ilaalchisee waanti nutti irraa hubbanu,dhalli nama dandeetti kalaqa sammuu isaa

irratti hunda'uun jechoota filatamoo ta'aniin bifa barreeffamafi afaaniin dhimmaa bahuun ergaa waliif dabarsudha.

Ogbarruun barreeffama bakka saditti qoodama.Isaaniis Asoosama, walaloofi dooyii(diraamaa)dha.Asoosamni ogbarruu barreeffama jiran keessaa isaa tokkodha.Yaada kan ilaalchisee Asafa(2009:36) akka ibsuutti "Gooroowwan ogbarruu keessaa asoosamni, diraamaanfi walaloon isaan gurguddoodh."Asoosamni gooroowwaan kanneen keessaa isa ijaadha.Kana malees asoosamni caacculee garaagaraa of keessaa qaba.Isaannis:jaargocha, ergaa, yoomeessa,waldhabbii qooddattoota,mala qooddachisuufi kan kana fakkatanidha.Yaadumma kan irraatti hunda'uun caacculee armaan olii keessa qorannoo kunii kan inni irratti xiyyeeffatuu waldhabbiifi toofta qooddachiisuu asoosama dheeraa mata dureen isaa MADAA CIQILEE jedhuu irratti.

Waldhabbiin walitti bu'iinsa humnoota walgitaan lama giddutti taasifamuudha.Kan jechuun walitti bu'iinsi yaada qaamotaa walmaormaan gidduutti uumamuudha.Yaada kana Taaddasaan (2006:19) yeroo ibsu "conflict is the tention in situation between character usually in darma,novel and short story"jedha.Yaada kannarraa kan hubbanu, waldhabbii taatee haala wayii keessatti qooddattoota giddutti keessattu diraamaa,aso-sama dheerrafi gabaabaa keessatti bal'inaan kan uumamu akka ta'eedha.

Maali qooddachisuu immoo akkaata barreessaan asoosama qooddattoota isaa ittin ummatuufi seenaa asoosamicha keessatti isaan hiramachiisuun kan ibsuudha.Barree-ssaan karaalee lama qooddattoota mul'isuu danda'a.Isaanis mala qooddachisuu kallattifi maala qooddachiisuu al-kallattiti.Mali qooddachisuu kalatti waa'ee qooddatto-ta tokko ibsaa kennuudhan yookiin akka innii of ibsuu gochuudhan kan mul'iffammuu yammuu ta'u.Qoddaachisuu al-kallattii immoo enyummaa qooddataa sana halawwaa isaa irraa yookiin ibsa qooddattoota biroo waa'ee isaa addeessaan irraa hubbachuun akka danda'amuu ta'e dhiyyaata.

### 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Ogbarruun Oromoo sadarkaan guddateerra jedhamuu irraa kan ga’ee akka hin taanee Asafaa(2009) yeroo ibsuu "jalqabaa immamata jaarra 20ffaa keessa motoni Itoophiyaa akka afaanifi aadaan Orommoo keessatuu ogbarruun Oromoo bodaatti akka haafuu taasisa turaniruu"jedha.

Akka yaada barreessaa kanatti ogbarruun Oromoo sabootaa sirnaa motummoota darbaan dhiibbaa afaan Oromoo irraa gaggeessaa turaanif ogbarruun Oromoo bodaati akka harkiifatuu ta'u isaadha.Akkasumalee beektonnifi barreessitoonni afaan Oromoo sababa mootummoota darbaaniin dangeeffama turanirru.Kanneen keessaa namoonni mursaanii asoosama barreessuun maxxansiisaniru.

Asoosamoota kanneen irratti qarannoo gadi fagoon gaggeeffamuu dhabuun rakko mata isaa ta'uu danda'a.Hanqa tokko asoosamota adda addaa irratti caacculee kannee akka itti fayyadamaa afaanii asoosama keessattifi utubalee asoosama irratti qorannoo muraasni gaggeeffameera. Haa ta'uu iyyuu malee utubalee kan akka waldhabbii, ergaa, qooddachisuu,sabseenafi kan biroo irratti qorannoo ammayyaan baay'inaan hin mul'atu. Caacculee asoosama keessaa kan akka waldhabbiifi qooddachiisuu irraatti akkaata isaan itti fayyaadaman yaaxinalee ammayyaan qorannaan qo'atame baay'inan hin mul'ataan. Rakkooleen kun akkan qorannoo kana gaggeessu na taasiseera.Kanaaf qaawwaa karalee waldhabbiifi qooddachisuu irratti mul'atuu irratti qorannoo ammayya gaggeessudha.

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo tokko bakka lamatti qoodama. Isaaniis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreedha.Kaayyoo gooroon mata duree qorannoo saanadha.Kaayyoo gaareen immo adeemsa mata dureen qorannicha irraatti xiyyeeffachuun deebisuuf deemamuudha.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qoranaa kanaa:Xiinxala waldhabbiifi mala qooddachisuu asoosama MADAA CIQILEE mul'isuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon murtaa'an yookiin gooree qoranna kana warreen armaan gadditti.

- Akaakuwwaan waldhabbii asoosama Madaa Ciqilee keessatti argaman basuun ibsu.
- Akaakuuwwan mala qooddachisuu asoosamicha agarsiisuu
- Hanqinaafi cimina asoosamicha kallatti waldhabbiifi qooddachisuun mul'aatan ibsu.

### 1.4. Faayidaa Qiorannichaa

Barbaachusumaan qorannoo bu'aa qorannichi keennuu irratti xiyyeeffaata.Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2019:55) yeroo ibsuu "barbaachisummaan qorannoo tokko mata duree qorannichaa irratti hunda'ee bu'aa qorannoo kanaatti namoonnii garee garaagaraa gargaramnidha."jedha. Yaada kan irraa kan hubbannu,faayidaan qorannoo bu'aa qorannoo suni qabuudha kan jedhuudha.

Bu'aan qorannoo kana irraa argamuu qaamolee armaan gadiif bu'aa kennuu nidanda'a.

- Guddina ogbarruu Orammoof shooraa olaanaa qaba.
- Faayida waldhabbiifi qooddachisuun asoosama keessatti qabu ibsuu danda'a.
- Namoota qorannoo isaani ogbarruu keessattu asoosama keessa waldhabbiifi qooddachisuu irratti gaggeessanif ka'umsaa ta'uu danda'a.

### 1.5. Daanga Qorannichaa

Ogbarruun yaadrimee bal'aa of keessaa kan qabuufi gooroowwaan hedduu kan of keessa qabudha.Haa ta'uu malee gooroowwan ogbarruu keessaa asoosama irratti.

Asoosamni immoo yeroo kana hedduun barreeffamni maxxaffamni jiru.Kanaafuu qorannaan kunni asoosama Madaa Ciqilee irrattidha.Akkasumalee cacculee asoosam jiraan keessaa waldhabbiifi qooddachisuu irratti kan daangeeffameedha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo tokko yeroi gaggeeffamuu hanqina qabaachuun isaa hin oolu.Kanumarraa ka'uudhaan qortaan kun qoranno kan yammuu gaggeesuu hanqinnoonni akka,yeroo,baasii mallaaqafi wabiile isaa muudataniru.Haa ta'uu malee,hanqinoota kanneeniif furmaata barbaaduun qorannoo koo kan gaggeesseera.Kunis hanqina gama yeroon jiruu yeroon qabu qoqqoodun fayyadamuun,baasii

immo gargaarsa maatiin hojeechuufi hanqina wabilee ammoo kitabilee jiranitti haala barbaachisu dhimmaa bahuun furmaata argateera.

## 1.7. Saxaaxa Qorannichaa

Qorannoon kuni qorannoo waligalaa (Applled Researsh) keessaa qoarannaa bu'uura jalatti kan rammadamuu yoo ta'uu.Haala dhiyyaana isaatti immoo bifa qorannoo ibsitu kan dhiyyaatuudha. Akakuu ragaaleefi ragaan ittin funaanamaani qorannoo yaadrimee yookiin akkamtaa jalatti rammadama.

### 1.7.1. Madda Raaga

Gosa qorannoo kanaa madda ragaa kan ta'an kiyaabota,barruulee garaagaraa, warqaa qorannoo, intarneetifi kan kana fakkaatan ta'uu danda'uu.Kanummarraa dhabbachuun kitaaba qorannoo kuni irraatti gaggeessuu akka madda raaga tokkoffaatti fudhachuuni.

### 1.7.2. Mala Iddateessu

Asoosamni Oramoo dheeraan hedduutu yeroo amma kan barreeffamni jiru.Kanneen barreeffamaa keessaa qorannoon kun asoosama dheeraa mata dureen isaa Madaa Ciqilee jedhu irraatti tuutaa iddattoo mitt-caafaa godhaatee kan hojeetameedha.

### 1.7.3. Mala Funaansa Ragaale

Ragaan funaanuun adeemsa qorannoo keessatti murteessafi barbaachisaadha.Odeef-annoo quubsa arhachuuf, tooftaa garii fayyadamuun filaatamadha jedhamee amanamaa. Maeshalee funaansa ragaalee keessa sandatti dhimmaa bahuun ragaa qanayama xiinaluudha.Kanaaf,mata duree kanaan walqabaate sakkata'uun xiinxluu irratii kan xiyyeeffatuudha.

### 1.7.4. Mala Xiinxala Ragaa

Qorataan kun qorannoo isaa keesaatti ragaalee argatee mala xiinxalaa ragalee jiraan keessaa al-lakolkoofsawattin yookiin akkamtaan fayyadamuun kan xiinxalewdha.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'AA BARRUU YAADRIMEE

## 2.1 Ogbarruu

Ogbarruun ogummaa kalaqa ta'ee,muxxannoo jiruufi jireenya keenya haaqa irratti hundaa'ee akka hubbatamutti miidhagsee kaa'a.Ogbarruun ogummaa umurii dheerraa qaabachuu isaa irraan kan ka'ee hayyoonni garaagaraa hiika adda addaa itti kennaniru kuunis kan agarsiisuu ogbarruudhaaf hiika tokko keennuun ulfaata ta'uu isaati.

Asafaa(2009:16) ogbarruu yeroo ibsu "Ogbarruun waa'ee ummata ummataaf deebisee kan dhiyyeessu,dawwitti jiruufi jireenya ummaata waan ta'eef hayyoonni ogbarruu ogummaa isaan ittiiniin hiika adda addaa kennaniru"jechuun ibsa.Yaada kan irraa gabubummatii kan hubbannu,yaadrimeen ogbarruu bal'aa, umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffati isaas jiruufi jireenya uummaata ta'uun isaas ogbarruun hiika garaagaraa akka qabbaatu taasiseera.

Barreessaan Melakneh(1999:1) waa'ee ogbarruu yeroo ibsuu "Literature is a creative work of art which express the truth of experience intermas of beauty to be compreheded and it is a means of communcating idea of intellectual and social significances "jechuun ibsee jira.Yaada warbamee kan irraa kan hubbannuu,ogbarruun ogummaa hojii kalaqaa kan muxxannoo bifa bareedinaa qabuun akka hubbatanu danda’utti ibsuufi karaa waliigalatee yaada hayyoota akkasuumas,yaada hawaasummaa barbaachisaa akka ta’edha.Kanaaf, yaadolee hawaasa keessa jiraan karaa ogbarruu hubbachuun kan dandaa'amu ta'u isaa irraa hubbachuun ni danda'ama.

Akkasumalee ogabarruu ilaalchisee Asafaan(2009:22) hayyuu Belinskiin wabbeeffach-uun ogbarruu yeroo ibsuu "Ogbarruun hambaa yaada ummaata isaa olaanaa kan jechuun ibsamu.Addaan osoo hin cittin gaggeeddaramaafi foofoyya'aa lufuufi fuufuu isaattin duudhaa afanumaafi barreeffamaan adda tahu"jechuun ibsa.Yaada kanaarraa kan hubbannuu,ogbarruun jiruufi jireenya dhala nama tahuu isatti.

Ogbarruun haala jiruufi jireenya dhala nama booharsuun,bashaanssiisuun kan mul'isuudha.Yaada kan ilaalchisee Biraanuu(2009) yeroo ibsu "Literature refers to work that present on imaginative creation thruth an artistic use of language "jedha.Akka yaada kan hubbannuu, ogbarruu jechuun hojii kalaqaa aartii sammuu kan ibsu jechuudha.

## 2.2. Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun bal'inaafi uumammaa isaatiin yoo ilaalamuu bakka gurguddoo lamattii qoodama.Isaaniis ogbarruu barreeffamafi ogbarruu afoolati.Yaada kan ilaalchisee Feedhasa(2013) akka ibsuutti "Ogbarruun hojii kalaqa afoolaafi barreeffama hammaatudha. Ogbarruun kalaqaa sammuu ilmaa nama tahee ogummaa dandeettii adda,falaasamafi haala jiruufi Jireenyaa dhageetti keessoofi gadda,gammaachuu qabaan kan ittin ibsatanidha."jechuun ibsa.

Yaada kanaarraa waanti hubbannuu, ogbarruun ogbarruu barreeffamafi ogbarruu afoola akka ofkeessaa qabaatu kan nutti mu'lisuudha.Akkasumalee ogbarruun barreeffamaan dhaloota dhalootati kan daddarbuufi ogbarruun afoola immoo afaanii dhaloota dhalootati kan daddarbuudha.

## 2.3. Ogbarruu Barreeffama

Ogbarruun barreeffama yaada barreessa keessatti yookaan sammuu barreessan keessatti kalaqaamee uumamee waraqaarratti barraa'uun kan dhiyaatuudha.Ogbarruu barreffamaatti kan jeennu bakka saditti qoodamu.Isaaniis kanneen akka:Asoosama walaloofi dooyii yookiin diraamaadha.

## 2.4. Asoosama

Asoosamni akaakuu ogbarruu barreeffama keessaa tokko ta'ee seeneeffama sababafi bu'aa bu'uureeffatee tartiiba ta'iinsootaafi rawwilee garaagara kannee akka namafakkile, yoomeessaa, waldhabbii, ergaa jaarragocha, gochaan ijaarame kan qindawaa deemuudha.Asoosama jechuun waan tokko osoo hin taane wanta dhugaa fakkaatudha.Kana malees asoosamni yaada duubisaafi barreessa walitti fuduu qofa osoo hin taane namoonni yaada sammuu isaanii akka burqisiisaan godha.Yaada kan ilaalchisee Meryer(1997:11-12) akka ibsuutti"dhugummaa dubbisaafi bateessaan hojii kalaqaa tokko uumu"jechuun ibsa.Yaadaa kanaarraa wanti hubbannuu, hojiin dubbisaafi barreessaa inni guddaan waanta tokko bifa haaraan yookiin kalaqaa qabuun kalaquun ka'uudha.Akkasumalee asoosamni bifa hololoon kan dhiyaatu kan barreeffammuidha.Yaadha kan ilaachisee immoo Geetachoo(2013:133) yeroo ibsu "Asoosamni hojii kalaqa dhala nama kan uumama isaa bu'uureeffachuun haala bareedaa nama amansiisuufi bashanaansiisuu kan

barreessaan barreessee dhyeessu dha."jedha. Asoosama bakka gurguddoo lamatti qonnee ilaaluu dandeenya.Isaaniis asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadba.

### 2.5. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan seeneessa bal'aa ofkeessaa qabaa waan ta'eef akka hojii kalaqatti kan fudhatamuudha.Tartiiba ta'iinsaa muxxannoo ilma nama walqabsiisee kan dhiyyeessuudha. Misganuu (2011:108) asoosama dheeraa akkas jechuun ibsaa "Asoosamni dheeraan akka asoosama gabaabaa waan hin taaneef namaa qacceessuu keessatti miira hedduu uuma.Asoosama dheeraa qacceessuun hagam dadhabsiisaa yoo ta’ee iyyuu waa heddu barruufi hojechuuf carraa guddaadha. "jechuun ibsa.Yaada kan irraa kan hubbannuu, asoosamni dheeraan seenassa bal'aa kan qacceessuufi hoji cima kan gafatudha.

### 2.6. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaaban fallaa asoosama dheeraatti.Yomeessa gabaabaafi hudumama qaba. Jaargochiisa xaxamaa miti.Yaanni isaa fulla'ee hin qaari'u. Gochaa yeroo gabaabaaf rawwaatame seenessa. Akkataa hiika jiruutti asoosamni gabaabaan yeroo fudhaatu giddugaleessa taasifataa. Wasanee (2000:86) yeroo ibsuu,"Asoosamni gabaabaan hojii ogbarruu kalaqaa ta'uunsaa al takkatti dubbifamuun kan xumuurama."jechuun ibsa.Yaada kan irraa kan hubbannuu, asoosamni gabaabaan yaada qernxee kan seenessuufi yeroo gabaabaa keessatti kan dubbifame dhumuudha.

### 2.7. Caacculee Asoosama

Caacculeen asoosama bu'uura asoosamati.Caacculeen asoosama guutuumaa asoosamichaatti humna kennuun kan miidhagsuudha.Feedhasa(2013:68) yeroo ibsu "miseesota asoosama xiinxaluun yaada asoosama sanaa qalbeeffachuuf nu gargaraa" jedha.Yaada kan irraa kan hubbannuu, Caacculeen asoosamaa asoosama tokko xiinxaluun hubachuuf,qeequufi madaaluuf kan gargaruu ta'uu isaati.Caacculee asoosama kanneen akka,waldhabbii,qooddattoota, jaargochaa

Waldhabbii, ergaafi yoomeessa warreen kunneen caacculee asoosama jedhamuun beekamu.

#### 2.7.1. Naamfakkii Yookiin Qooddattootaa

Namfakkiin namoota barreessan asoosama isaa keessatti uumudha.Seenaa asoosama tokko kana rawwaatan yookaan seenaan irratti rawwaatudha.Yaada kan ilaalchisee, Misgaanuu(2012:21)akk

ibsitti "namfakkiin namoota seenaa asoosama keessatti hirmachuun amala dhala nama hunda'aa calaqqiisisaniidha.Kanaaf,abbaan seenaatti"jedha.Yaada kanaarra kan hubbannuu,namoota kanan asoosama keessatti gochaa rawwaatan namfakkii akka ta'aniidha.

### 2.7.2. Jaargocha

Jaargochi haala seenaa asoosama tokko sababaafi bu'aan walqabatee tooraan ibsaamuun ijaaramu. Gochonni kunis walqabatanii waliirratti ibsaamuun gochii tokko isaa biraa uumuuf sabaabaa yoo ta'uu bu'aan gocha sanaarra argamuu gochaa biraa isa boodaa dhufuuf sababaa ta'uun seenaa isaa asoosamicha ball'isa.Feedhaasa(2013:68) akka ibsutti "Jaargochi haala seenaan asoosama sababa fi bu'aan walqabatee tooran ijaaramee ijaarsa gochootaati"jedha.

### 2.7.3. Yoomessa

Taateen tokko yeroofi bakka ittii rawwaatamu qaba.Yaada kan ilaalchisee,Mishaanuu(2012:19) akka ibsutti "Yoomessi yeroofi bakka seenaan asoosamicha kessaatti seebeffameefi ta'iinsi tokko keessatti raawwaramee kan ibsuudha"jedha.Yaada kanaarra kan hubbannuu, yoomeessi bakka itti argamaniifi gocha itti rawwaaatan ta'uudha.

### 2.7.4. Waldhabbii

Waldhabbiin asoosama keessatti qamootaa waliin mormaaniidha.Yaada kanaa ilaalchisee akkaa Feedhasaan (2013).ibsutti "waldhabbiin walfalmii yookaan mormii alaafi keessaa namfakkileen guddaafi humnaa biroottin uumamuudha.Akkaa yaada irraa hubbannutti waldhabbiin namfakkile barreessaan asoosama asoosamaa sanaa keessatti kalaquu yookkiin yaada barreessatin uumamani achii keessatti argaman guddutti kan adeemdifamuudha.

### 2.7.5. Ergaa

Ergaan seenaa caacculee asoosamaa keessaa isas tokkodha.Innis haala asoosamni tokko ittiin kan xummurame kan agarsiisuudha.Ergaan asoosama tokko yeroo dhiyaatuu haala jireenyaa kan hawwaasa keessaa jiru kan kallattiin mul’isuu osoo hin taane alkallattiin kan mul'isuu ta'a.Sababi isaa asoosamni tokko tokko yeroo barreeffamuu ergaa dhabbataa tokko argachuun hindanda'amu. Kanaaf ergaan waantoota biroon uwwifame kana barreeffamudha.

## 2.8. Yaadrimee Waldhabbii

Utubalee asoosama jiraan keessaa:Sabseeniee,ergaan, yoommessi,qooddattootafi kanneen kan fakkaatan keessaa waldhabbiin isaa tokkodha.Jiruufi jireenya isaa keessatti dhali namaa jiraachuuf jecha gadda,gammaachuu,dhiphina, hacuucaafi rakkinaa adda addaatu isaa qunnanuu danda'a.Isaan kanneen moo'achuuf namni sammuu isa waliin, uumama waaliin,nama waaliin kan waldhabbuudha.Waldhabbiin asoosamoota keessatti mul'aatu qooddattoonni ofii isaanitti yammuu waaldhabban,uumama wajiin,namoota wajiin waldhabban argiina.Isaan kanaatu asoosama keessattu waldhabbii jedhama.

Haalummaa kan fakkaatuun;Oxoford Dictionar Of English(2005:362) yeroo ibsu "Conflict is aclash of actions ideas or wiil"jedha.Yaada kanaarraa kan hubbannuu, walitti bu'iinsaa gochoota yaada feedhii namoota gidduutti uummamuu jechuudha.Hiika armaan olittk keenname irraatti waldhabbiin gurguddoo lama akka jirudha.Inniis waldhabbii alaa;kan namni qaama biroo faana waldhaabu yoo ta'u,Innii itti aanu waldhabbii keessaa;kan namni feedhii, hawwii,miira isaafi kan biroon waldhabbuudha.Kana malees barreessan Melakneh(19995:63) waldhabbii yeroo ibsuu "Conflict is aclash of actions,ideas,or will"jedha.Yaada kan irraa kan huubbanuu,walittii bu'iinsa gochoota yaadafi feedhii namoota gidduutti uumamuu jecuudha.

Innio biroon waldhabbii keessaa kan namni fedha,hawwii miira isaafi kan birik waldhabbuudha.Kan malees hiikni kun waldhabbiin bakka maratti argamuu isaa ibasa

### 2.8.1. Akaakuuwwan Waldhaabbii

Gosoota waldhabbiif kitaabileefi hayyoonni hiika garaagaraa kaa'u.Kanaaf akaakuuwwan waldhabbii hangna jechuun rakkisaadha.Haa ta'u malee kitaabni Dictionary Of Literary Terms jedhuufi hayyuun Zarhuun(1992:147) yeroo ibsaan waldhabbii bakka gurguddoo afuurn qooduun ka'uu.Isaaniis:

#### A. Waldhabbii Qoodfattaafi Uumamaa

Akaakuu waldhabbii keessaa tokko kan ta'ee waldhabbii qooddataan Uumaamaa faana taasiisuudha. Akka Shaw Harry(1976:91) ibsuutti "Waldhabbiin Uumana dachee irraatti argamaniifi qooddata gidduutti ta'u"jechuun ibsa.Yaada kan irraa kan arginuu,waldhabbiin kuni

waldhabbii qooddataan uumamaa nannoo isaa waliin walittii bu'uudha.Akkasomaldd tattaafi dhali namaa naanoo/uumama mo'achuuf godhuu keessatti mul’ata.

**B. Waldhabbii Qooddattonni Hawaas Waliin Taasiisuun**

Waldhabbiin kunii kan uumamu namni tokko yookiin garee tokko aadaa,duudhaa,safuu haala jiruufi jireenya hawwaasichaa waliin walitti bu'uudha.Amantaa,falaasama,ilaalch fi sirna ittiin bulmaata hawaasa fudhaachuu dhabbuun namaa tokko yookiin garee namoota hawaasichaa jiddhutti waldhabbiin uumama.

Cassidy("1991:706) akka ibsutti "Waldhabbii hawaasafi qooddattoota jiddutti uumamuu yammuu namni tokko duudhaa garee hawaasa tokko kiffisuuf hawaasichi immoo harka keennachuu diduun yeroo wal falmaan jechuudha."jedhee ibsa.Yanni hayyuu kanaa yammuu qooddattaan tokko ejjennoon safjj hawaasichaa waliin hin deemne qabaatee yoo ka'u hawaasichi immoo balaaleeffachuun waldhabbii uumaa jechuudha.

**C.Waldhabbii Xiinsammuu**

Waldhabbii kun karaa biraatiin waldhabbii keessaa jedhamuun beekama.Waldhabbiin kunii kan uumamuu yammuu qooddaatan sammuu isaa wajjiin mormii uumudha.Mormiin isa kuniis,waantoota sammuu nama dhiphiisaan,kaayyoofi feedgii irraa kan madduudha.

Yaaduma kan ilaalchisee Melaknesh(2008:2007) yeroo ibsu "internal conflict is a conftiet which iz take place between two contending forces in the mind of the hero"jedha. Yaada kan irra kan hubbanuu;waldhabbii keessaa walitti bu'iinsa yaadoota faallaa lama kan sammuu qooddaata keessatti argaman giddutti rawwatamuu akka ta'eedha.

**D.Waldhabbii Qooddaatan Teekinooloojii Waliin Taasiisuu**

Gosti waldhabbii kanaa kan uumamu qooddaatoonni asoosama keessatti argaman waantoota teeknooloojiin walqabataniin wajjiin waliitti bu'iinsa taasiisanidha.Qooddatt-oonnii asoosama waan haaraa argachuuf teeknooloojiitti garaagaramu.Haa ta'uu malee yeroo tokko tokko mashinoonni adda addaa kannee isaan ittii gargaaraman uaada isaan karoorfatan jala fashaleessa.Yeroo kan immoo waldhabbitu uumama.

### 2.8.2. Amloota Waldhabbii

Waldhabbiin amala mataa isaa kan bu'a qabeessa isaa taasiisuu qaba.Isaaniis akka maddi interneetii web saayitti. HTT/WWW jedhamu akka ibsuttii"Amanamumaa,tookk-uummaafi dagaagina fa'adha.

**A. Amanamummaa**

Amanamummaan haala dhiyeenya, dhugummaa qooddattoota ta'e waliin dubbii yookiin dubbii yaadni dhiyaatu qabatamaa ta'uu qaba.Garuu guutummaan guututtii dhugaa ta'uu osoo hintaane dhugaa irraatti hunda'uun kan uumamuu ta'uu qaba.

**B. Tokkummaa**

Yaada kan irraa kana hubbatamuu jechuun adeemsi waldhabbii uumamee kun kan wal hordofaa deenu jechuudha.Akkasumaas tokkummaa ogbarruu keessatti yaadotni asoosamicha kessaatti jalqaba hanga dhumatti ka'an qindoomina kan agarsiisan ta'uu qabu.Kan jechuun wadhabbiiwwaan uumamaan kan yaadni isaani wal gadhiisa yoo ta'an wal irraa goraa deemu ta'uu hin qabu.

**C. Dagaagina**

Waldhabbiin asoosama tokko kan inni sagaageera jedhamu yeroo qooddataan asoosamichaa jijjiirama bu'a qabeessaa ta’e argatuudha.Akkasumaas,waldhabbiin uumaaman keessatti humnoonni wal mormaan sun ciminii isaanii walgituun hanga dhumaatti yeroo deemu jechuudha.

## 2.9. Yaadrimee Qooddachiisuu

Utubalee asoosama tokko ijaaran keessaa tokko kan ta’e qooddachiisuudha.Innis asoosama tokko keessatti lubbjj itti horuufi asoosama garii ta'e uumuu keessatti qooda guddaa qaba.Akkasumaas miira dubbisaa qabuuf ifitti harkiisuu keessatti ga'ee guddaa qaba.Yaadrimee qooddachiisuuf kitaabileefi weebsaayittin adda addaa absaaniru.Isaan keessaa mursaani kanneen armaan gadiitti.

Akka webster's Therd New International Dictionary (1904:376) ibsutti "Gocha,adeemsa yookiin bu'aa qooddachiisuu, keessumayyuu asoosamafi diraamaa keessatti amala namummaa yookiin

taatoo uumuun qooddachiisuudha"jedha.Hiika armaan olii keessaatti diraamaafi asoosamaa kessatti adeemsa attiin qoodddaattoota gochaa isaan rawwaatan tokko ittii addeessaniifi adeemsa bu'aa ba'ii qooddattoonni keessaa darban mala ittin ibdaanidha. Akkasumaalee amala namummaa qooddattoonni qaban mala ittin addeessanidha.

Akka http/www-tnellen.com/cybereng/ibsuutti

> *Mala bareessittoonni itti qooddattoota guddisan.Malleen kuniis(1),dhabbaannaa qooddaticha aharsiisuu,(2) gocha qooddataan agarsiisuu,(3) yaada qooddattaa akka mul'atu gochuu,(4) qooddattoota dubbachiisuufi (5)deebii gochaa qooddattoota kaanii argachuu.*

Hiikni armaan olii kuni immoo mala barreessitoonni itti fayyadamuun qooddattoota guddisaanidha.Unka yookiin dhabbannaa qooddatichaa maala akka fakkaatu sammuu dubbisaa keessaatti uumuufi mala itti barreessitooni fayyadamanidha.Kan biroo mala yaada,feedhii,ilaalchaa qooddattoota ittin addeessaniifi qooddataa yaada kaara isaa ittin dubbachiisanidha.Kan malees qooddataa wanta isaa muddateef deebii qochaanis ta'ee dubbiin isaan raawwatan argaachuu keessatti qooddachisuu bu'aa olaanaa qaba.

### 2.9.1. Akaakuuwwan Qooddachisuu

Qooddachisuun amala namummaa qooddataa tokko ittiin ibsanidha.Asoosama dheeraafi gabaabaa keessatti utubaa isaa barbaachidaadha.Toorrii weebsaayitti http//www.fiction factor.com qooddachiisuu bakka lamatti qooda.

#### A. Qooddachisuu Kallatti

Akaakuu qooddachisuu kessaa tokko ta'ee yeroo barreessaan dubbistoota isaatti namummaa qooddataa isaa ittin himu qooddachiisuu kallatti jedhama.Akka http//www.fiction.com.ibsuutt "Namummaa qooddataa yeroo barreessaan hima kallattiin kaa'uufi qooddataan suni maala akka fakkatu yoi himu"Akka yaada kanarraa hubbannutti maalimmaa qooddata sanaa kallattiin hima keessaatti ibsuufi waa'ee qooddataa sanaa kallattiin himuudha.

#### B. Qooddachisuu Alkallatti

Gosti qioddachisuu inni biroon qooddachisuu alkallattiti.Eenyummaa qooddataa sanaa waantoota ibsaan irraatti kan xiyyeeffatudha.

> *Barreessaan yeroo odeeffannoo qooddataa isaa ibsuufi namuummaa isaa karaa yaada,jechafi gocha qiiddataa ibsuu,deebii qooddattoonni biroon deebsaniif, wanta yaadnif waa'ee qooddaticha dubbatani afkeessatti qabaata (hhtp//www-fiction factor.com)*

Ibsa hiika kanarraa kan hubbannuu barreessaan maalummaa qooddataa isaa yeroi agarsiisuudha.Gochi inni rawwaatu,yaada isaafi jechoota deddeebisa isaa keessatti itti fayyadamuu qooddataan tokko ibsuudha.

## 2.2. Sakkatta'a Barruu Walfakkii

Sakkatta'a barruu walfakkii jechuun qorannoo keenyaa wajjiin walfakkataan qorannoo namni biroon qortaan walbirra qabuun garaagarummaafi tokkummaa isaan qabaan ilaaluudha.Kanaaf qorannoowwaan qoranno kan wajjiin walfakkatan haala armaan gadiin jiru.

Sakkatta'a barruu wamfakkii keessatti qoranaan kanaan Waraqawwaan eebbaa bartoota digirri tokkoffaa qo'atamaniru.Kanaaf Waraqawwaan eebbaa jiraan barruu walfakkii qo'annoo kanaa ta'ee fayyadeera.Waraqawwaan eebbaa kunis: Tokko kan Israa'el Tafarraan "Xiinxala waldhabbiifi Qooddachiisuu Asoosama Ichima Jaalalaa"(Waxabajjii, 2011) fi kan Caaltuu Waarqinaa "Xiinxala Wadhabbiifi Ergaa Asoosama Faaya Mormaa"(Waxabajjii, 2005/13)ti.

Waraqaa eebbaa Israa’el Tafarraa "Xiinxala Waldhabbiifi Qooddachisuu Asoosama Ichima Jaalalaa" Qorannaa isaa boqonnaa afuriitti qooduun hojjete.Boqonnaa tokko keessatti Seenduubee, ka'umsaa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangafi mala qorannichaa yoo ibsuu.Boqonnaa lama keessatti sakkatta'a barruu walfakkiifi yaadrimee kaa'eera. Boqonnaa sadii keessatti waldhabbiiwwaan fi qooddachiisuu asoosamicha keessatti argaman xiinxaleera. Boqoonnaa dhumaa keessatti guduunfaafiyaada ibseera Qorannaa kanaan gama waldhabbiifi qooddachiisuun walfakkeenya qabu. Garuu kitaaba asoosama, barafi qabiyyeen garaagarummaa qabu.Qorannaa isaa ulaagaa kan guuteefi waldhabbifi mala qoodhachisuu barreessaan itti fayyadame yaaxinaalee ammayyaan ilaaleera. Hanqini isaa akkaakuwwaan waldhabbii mara asoosama sana keessatti argaman hunda hin xuqne.

Waraqaa eebbaa qorannaa kana faana walitti dhuheenya qabu inni biroin kan Caaltuu Waarqinaa qo'atedha.Boqonnaa afuritti addaan qooduun kan qo'ateedha.Boqonnaa tokko keessatti waa'ee ogbarruu Orommoo Seenduubee qorannicha kessatti hanga ta'ee ibsitee jirti.Boqonnaa lamaffaa keessatti yaadrimee waldhabbii irraa ka'uun akaakuuwwaan waldhabbiifi maalummaa ergaa ibsitee jirti.Boqannaa sadi keessatti seenaa asoosamichaa gabaabiinan,wladhabbiifi ergaa asoosamicha xiinxaltee jirti.Boqonnaa afur keessatti cuunfaafi argannoi ibsiteetti.Waraqaa ebbaa Caaltuu Waarqinaa kanaa qorannoo kanaan kan walfakkeessu waldhabbii irraatti.Garaagarummaan isaani immoo kan ishee ergaa waliin ta'ufi barafi qabiyyeen addaadummaa qabu.Waraqaan eebbaa ishee kuni ciminafi hanqina niqaba.Xiinxala irratti wadhabbiifi ergaa asoosamicha gadii fageenyaan ibsuu isheedha.Hanqini isaa immoo ulaagaa qorannoo guutee kan argamee miti. Walumaagalatti qorannoowwaan eebbaa barruu walfakkii qorannaa kanaatti jedhamaan warreen armaan ibsamaanidha.

# BOQONNAA SADII: XIINXALA RAGAALEE

3. Seecaatii Waldhabbiifi Qooddachisuu Asoosama Madaa Ciqilee

### 3.1. Seenaa Asoosamicha Gabaabinaan

Kitaabni Madaa Ciqilee jedhamu kun kan barreeffame nama maqaan isaa Israa'el Haabtaamuu jedhamuun yoo ta'u,innis kan maxxanfame A.L.A.Gurraandhala, 2013tti ture.Qoddaattani olaanaa kitaaba kan keessatti argamaan:Obseera,hiriyoota isaafi Shewaayinesh fa'adha.Asoosamicha keessatti abbaa seenaa ta'ee kan ture Obseera yoo ta'u,innis godina Wallaggaa Lixaa aanaa Hoomaatti dhalate guddate.Barnoota isaa kutaa1-8 achuma M/barumsaa sadarkaa 1ffaa G/galeessaa Hoomaatti barate.Gara kutaa 9ffaatti yoo darbu immoo magaalaa Gimbii deemuun M/barumsa sadarkaa 2ffaa Gimbiiti barnoota isaa itti fuufe.Barnootatti cimaa waan ta'eef, akka manaa barumsaattiti qabxii garii galmeessee manaa barumsichaatti maqaa garii bu'uureesse.

Ergaa barnoota Qophaa'inaa isaa xumureen booda akkumaa fedhaa isatti barnootavsaayinsi siyaasaatin yuunvarsiitii Madda Walaabuu isaa gahe.Innis hedduu gammade.Obseeran barnoota isaa itti fuufee waggaa lammaffaa isaatti carraa biyyaa Ameerikaa deemuu argate.Obseeranis yaada isaa gara deemsaatti murteessee maatii isaatti nagaa dhaammatee hiryoota isaa Olqabaafi Caalaa waliin gara magaalaa gimbiitt deeman.Guyyaa sana magaalaa gimbii bulanii Finfinnee deemuuf hoteela magaalicha keessatti argamuu kan maqaan isaa hoteela madda walaabuu jedhamutti siree qabatan.Achuma keessaa dhugaati osoo waal affeerani sirba Afaan Oromoo dhaggeeffachaa jirani,dalgaduun hoteelichaa kan taate Shewaayinesh jedhamtu sirbicha gara afaan amaaraatti waan jijjiirteef walitti bu'iinsi hoteelichaa keessatti uumane sababaa walitti bu'iinsaatiin Obseerafi hiriyoonnni Obseera Caalaafi Olqabaan mana mana sirreessaa galan.Ergasii booda hiriyoonni Obseera bahanis Obseeran mana sirreessati bahu hin dandeenye.Sababa kanaaf caaraan Ameerikaa deemuu Obseera jala darbeera.

Waldhabbiifi qooddachiisuun utubalee asoosama keessaa isaan tokko.Waldhabbiin asoosama tokkof akka lafee dugdaatti ilaalama.Qooddachisuun immoo mala ittiin asoosama tokkotti lubbuu horaniifi sammuu dubbisaa keessaa akka turu ittin godhaaniidha.

Barressaan asoosama MADAA CIQILEE waldhabbiiwwaan jiraanifi mala qooddachiisu jiran fayyadamuun dhaamsaa isaa dabarfateera.Qorannaa kana keessatti waldhabbile asoosamicha keessatti argamaniif tooftalee qooddachiisuu ilaallatan akka armaan gaditti xiinxalamnii jiru.

### 3.2. Xiinxala Waldhabbii Asoosama Madaa Ciqilee

Asoosamni Madaa Ciqilee kun akaakuuwwaan waldhabbii jiraan keessaa kanneen akka waldhabbii qooddataafi Uumamaa,waldhabbii namaafi namaafi waldhabbii xinsammuutti faayadamuun waldhabbii asoosama kan mul'iseera.

#### 3.2.1. Waldhabbii Qooddataafi Uumamaa

Asoosama Madaa Ciqilee keessatti waldhabbiin Uumaafi qooddattoota gidduutti mul'atu kan Falmataafi Uumaa isaati.Waldhabbii kuni sababa obboleessi Falmataa Obseeran caaraa biyyaa Ameerikaa isaa qaqqabe osoo hin deemiin hafuu isaattirran kan uumanedha.Falmataan biyyaa bahee achi turee yoo gara biyyatti deebi'uu obboleessi isaa akka Ameerikaa jirutti maatii isaa irraa dhaaga'e.Isuma kan mirkneeffachuuf Falmaatan hiriyyaa Obseera isa durii Olqaba jedhamutti yol bilbilee gaaftu akka mana sirreessaa jiru itti hime.Yeroo kana innis yaada isaa kana haadha isaa aadde Biliseetti himuu sodaatee dhoksaa turee.Caaraasaa kanaaf baay'ee gadde.

> *...Yaa Waaq maalif dachee kana gubbaatti na uumte?Jireenyaa koos akka mishingaa eelee ho'aa gubbaatti nammee goote?Boqonnaa na dhoorkittaa? Yakkiifi cubbuun sanyiin noo gochaa turaan hundi dhaala ta'ee na qaqqabe jechuudha?Jedhee uumasaa komataa ture(Madaa Ciqilee,2013:39*)

Waldhabbii kanaarraa kan hubbannuu,wanta osoo hin yaadamiin nama tokko muudatu hundi akka gocha uumatti ilaalamu isaati.Falmataan waggaa dheeraaf maatii isaa irraa adda bahee turuunuu kan isaa aarsa,obboleessa isaa yoo dhabu daran aare ture.Falmataan yaada lamaan dhiphaachuun uu.aa komataa ture.Asoosama kan keessatti waldhabbii Falmataan uumaa wajjiin taasise irraa deebi'ee kan mul'atuudha.

> *...Maaltu na gammachisee jeennaan kolfa yoom kolfii jiraadhu jeedhee na uume jedhee keessaa isaatti uumaa isa komataa deemaa(Isumaa,2013:103-104).*

Falmataan odeeffannoo waa'ee obboleessaa isaa Obseera barbaaduuf haadhaa isaa eeyyamsiifatee gara Finfinnee deemuuf gara magaalaa Gibiitti deema.Falmataan guyyaa gafa sana Gimbii buulee bariisana sa'a 11:30tti konkolaata seenee deemsa eegale.Falmataan hanga

namooni konkolaataa keessaa ta'aan waliin taphaachaa haada'aa deemaan cali'isee ta'aa ture.Konkolaataa keessaa namoota jiran hundi ijaa irraa naanneessee yoo ilaaluu hundii isaan iyyuu gagamadoo fakkaatu.Innis ofitti deebbi'ee yaadu egalee.Kuni immoo akka inni uumaa wajjiin waldhabbuu isa tasiseear.

Waldhabbii kan irraa kan hubbannu, dhalli nama yoo feedhi isaa guuttachuu dadhabuu of jibbuu isaati.Akkumaa beekamuu namnii tokko feedhii isaa galma inni barbaadee ga'uufi dadhabee daanga'ee yoo haafe uumaa isaa komata.

### 3.2.2. Waldhabbii Namaafi Namaa

#### 3.2.2.1. Waldhabbii Shewaayineshfi Dargaggoota Oromoo

Waldhabbiin namoota asoosama kana keessatti argamuu tokkl walitti bu'iinsaa Shewaayineshfi Obseera, hiriyoota isaatti.Shewaayinesh hojeetu hooteelaa madda walaabuutti.Dargaggoonni kuniin immoo Obseera, Caalaafi Olqabaa turan.Obseeran yuunvarsiitii Madda Walaabuutti barataa seerati.Innis osoo barnoota isaarraa jiruu caaraa biyyaa Ameerikaa deemuu argate.Yeroo inni deemesaf ka'uu hiriyoonni isaa isaa gaggeessuuf gara magaalaa Gimbiitti waliin deemaan,yeroo achii gahaan aduun lixee siree qabatanii achumaa hoteelaa madaa walaabuu keessatti nyaatafi dhugaatti walaffeerraan.Achumaan sirba afaan Oromoo dhageeffata osoo isaan jirani hojeettuun hoteelicha keessaa hojetuu figaa dhuftee

> *...Shewaayinesha fiigichaan ariifattee muuziqaa taphaacha jiruu rukkuttee keessaa baaftee "Indeet yaasxallaal yee gaallaa zafan"jette sirbaa afaan Amaaraa tokko galchitee qofumashee duukaa sirbuu eegalte... Obseeran figee irreessaa luka saangaa Harar fakkaatu sanaan saggoo shee akka namaa Handanqoo qabuutti olfuudhee ishee rarraasee gadhi dhiisee(Isuma,2013:13).*

Waldhabbii isaani kanaarraa kan hubbannuu,sabni amaaraa saba Oromootiif ilaalchaa gaarii akka hin qabaneedha.Kana malees kana dura sabni Amaaraa saba Oromoo irratti godaanis bira akka irratti uumee jiru kan ibsuudha.Jechoonni Obseeran yeroo Shewaayinesh wallolu itti fahhadamees kanuma ibsu.

### 3.2.2.2. Waldhabbii Lammeessaafi Poolisii

Lammeessaan yuunivarsitii Finfinneetti barataa seeraa waggaa 3ffaa ture.Haa ta'u malee sababa siyaasattin adaabme barnoota isaa addaan kuteera.Pooliisin kun immo qorataa yakka magaalaa Gimbiitti.

> *...Darabeen qoratamuu isaan geenyaan dafgaggoota arfaan keessa isa tokkon qorataan yakkaa maqaasaa waan hinbeekneef "si abbaa biyyaa kootu"jedhee waame.Dargaggeessichiis qubaa harkasaan mataasaa fo'aa;laca keessa akka namaa waa barbaduu gadi ilaalaa bira deeme.Poolisichis "Ati maqaan kee enyu?Hojiin ke'oo jedhee walfaana gaafte".Innis,deebiseefii maqaan koo Lammeessaadha;gosa hojii koos yoonsiif hime,yuunivarsitii Finfinneetti bartaa ture jedhe.Ittuma fuufuun yaadasaa barreessaa,ijaasaa keessaa ilaalee barataan ture jette;bafataan Yuunivarsitii biyysa ijaafa malee isaa akka kee qufee nageenya biyyaa booressu miti...(Isuma,2013:16).*

Waldhabbii kana irraa kan hubbatamu olaantummaa seera ilaalcha namoota hedduu biratti walqixa akka hin taanedha.Kana malees qaamni barate tokko yeroo araada adda addaatin qabamee gochaa badii irratti argamun kan nama qaanessu ta'uu isaati.Warbii armaan olii irratti ilaalchi poolisiin Lammeessaaf qabu yoo ilaalamuu;Polisichi gadi fageenyaan qoratee osoo keessa hin seeniniin Lammeessaatti dheekama ture.

### 3.2.2.3. Waldhabbii Konkolaachisaafi Obboo Galataa

Waldhabbii jarreen kana gidduutti uumameef ka'uumsaa kan ta’e;obboo Galataan ilma isaanii Lammeessaa magaalaa Gimbiitti manaa sirreessaa keessaa jiru ilaaluf dhaquu isaanitti.Erga ilma isaani ilaalanii ka'aniin booda gara mana isaanitti galuuf konkolaataa magaalaa Gimbiitti deemuu keessaa seenaan.Konkolaataan hamma ta'e erga deeme booda gargaaran konkolaataa nagahee irratti qarshii diigdama barreessee itti hiree.Garuu qarshii inni fudhatu sodomii shaan(35) ture.

Yaanni walitti bu'iinsaa konkolaachisaafi Obboo Galataan dubbatan kan armaan gaditi

> *...Konkolaachisaan "yehi sheebahu!Si nama takkaa konkolaataa yabbatee hin beekne har'a si yaabbifnaan attiimmoo nu himattaa miti?Yoo arrii mataa keettii ilaalan jaarsa fakkaattaa.Ati garuy salphataadha.Namootaa hamma kana keessa kan kee maal caale?Doolaara maalii baastee" jedhee jaarsa gudda biyyi ijaaf ilaaluu salphisee.Obbol Galataan:Gurbaa umrii ati amma irraa jirtu kan argeen darbee.Dargaggeessa sicalus manaa qaba...(Isuma,2013:52).*

Waldhabbi kana irraa kan hubatamuu,namoonni yeroo baay’ee faayidaa dhuunfaatiif jecha aadaa hawaasa kan cabsaaniidha.Akkuma beekamu manguddoon hawaasaa keessaatti ni kabajamuu.Konkolaachisaan kunii garuu faayidaa isaatiif jecha manguddoo umrii dheeraa qabu obbo Galataa jechoota jedhamuu hin qabneen arraabsuun isaa aadaa hawaasaatiif ilaalcha garii qsbachuu dhabuu isaa namatti agarsiisa

### 3.2.3. Waldhabbii Xiinsammuu

Waldhabbiin kun kan uumamu,yammuu qooddataan sammuu isaa wajjiin mormii uumuudha Mormii isaa kuniis,wantoota sammuu namaa dhiphisan,kaayyoofi feedhii irraa kan madduudha.

#### 3.2.3.1. Waldhabbii Falmaataafi Sammuu Isaa

Falmaataan mucaa Yaaddessaari Haati isaa Biliseedha.Abbaan isaa yeroo dargii diree waraanaa deemee deemee achumatti du'e.Falmatanis cunqursaa siyaasaaf jecha biyyaa bahee waggaa 15 turee dhufe.Yeroo inni dhufu obboleessi isaara xiqqaan Obseeran mana hin jiru.Haadha isaa gaffachuuf sodaate osoo kanaan jiru yaada armaan gadii sammuu isaatti yaade.

> *... Maala naaf wayyaa?Yaa Waaqayyoo yoon gaafadhee qe’ee keenya kana gammaachuu ta'ee jiru kan boo'iicha ta'a. Lakki natti haa hafuu hammeenyi dhoksaa hin qabu jedhama mitiiree? Yaadni biroon immoo haati kooyyuu maal naan jetti?Ilmiikoo garaa jabeessaa akjamii ta'e jettee na ceephaatti jedhee of komaata ture.(Isuma,2013:23).*

Waldhabbii qooddataa kan irraatti mul'atu irraa kan hubbannuu, haati dhalashee biraatti kabajamtuufi sodaatamtuu akka taatedha.Waldhabbii Falmataan sammuu isaa waliin godhe irrsa deddeebiin kan mul'atuudha.

Obseeraan erga deemee haadha isaatif bilbilee waan hin beneef, Falmaatan hiriyyaa Obseera Olqabaa jedhamuu barbaaduyf gara manaa isaanii deemee.Falmataan Olqabaa erga mana dhabee bilbilas Olqabaa abbaa isaarraa,fudhaate manatti galee booda.Haadhaa isaa birratti bilbilaa Olaabaattii bilbiluuf yaalaa ture.Mata duree haasa'aa jijjiiranii osoo taphaachaa jiranii yaadni tokko gara sammuu Falmataatti dhufee.

> *...Ani maalaan ta'e?Osoo waan nama naasisu ta'eeyyuu harmee biraa taa'ee bilbiluun koo dogoggora guddaadha.Kanaaf, qofaatti erga bibileen booda ergaafi*

*yaada argaadhee yoon itti hime garii ta'a"jedhee sammuu isaan mirteeffate...(Isuma, 2013:32).*

Waldhabbii xinsammuu kuni kan inni ibsuu akkaataa iccittiun hawaasa keesatti eegamu qabuudha.Akkasumaas iccitin eegamuu qabu tokko yoo ifa bahe qaamni miidhamuu danda'u akka jiru ibsa.

## 3.2. Seeccaatti Qooddachiisuu Asoosama Madaa Ciqilee

### 3.2.1. Qooddachiisaa Kallattii

Barreessaan asoosama kanaa qooddattoota asoosamicha keessas jiraan himoota kallattii fayyaadamuun qooddachiiseera.Qooddattoota asoosamichaa keessaa jiran unkaa yookiin qooddatoon suni maal akka fakkaatuufi amala namummaa isaanii Kallattiin ibseera.

Asoosamichaa keessatti Falmaata amala isaa yoo ilaalle:Falmataan amala sodaa nama qabudha.Dhalootaa jalqabee magaalaa deeme kamittuu shamarraan babbareedoodha jedhamaan yoo argeelle,guyyaa tokkoof illee lapheessaa jaalala shanarraniif baanee hin beeku.

*...Akkumaa konkolaataa seeneen ijiisaa isheera bu'ee akka waan bakakaan bu'ee sagalee qaqaweessaa cimaa dhag'eetti baay'ee nahe,nirifaate.Akkuma jalqaba tasa ishee ilaaleen alatti derbisee ishee ilaaluuf nisodate(Isuma, 2013,64).*

Akka warrabbii armaan olii irraa hubbannutti Falmataan amala sadaa akka qabudha.Rakkoon isaa magaalaa deemu kamituu shamarraanif laphee isaa baanee hin beeku.Amala kana qabachuun isaa kuni immoo akka inni intaalatti sodaatu idaa taasiiserra.

Asoosama Madaa Ciqilee keessatti unkaa qaama qooddatoota kallattiin barreessaan asoosamicha ibse jira.Asoosama kana keessatti Dr.Caaltuun maal akka fakkaatuu yoo ilaalle.

*...Dr.Caaltuun shammaree qal'oo ilkaan kaarruu,bareedinnishee baay'ee nama hawwatudha.Akkasumaas, dhaabbii toleetti, amalli ishee illee akkumaa bifaashee bareedudha.(Madaa Ciqilee, 2013:81).*

Bareedina Dr.Caaltuu ibsuuf barreessaan kun kallatti maal akka isheen fakkaattu ibse.Akkasumaas bifti ishee baay'ee akka nama hawwaatuufi qaamni ishee qal'oo,ilkaan ishee karruu akka ta'ee kallatumaan ibsee jira.

Barreessaan asoosamichaa qooddaxhiisuu kallatti irrattii qooddattoota maal akkaa fakkaatan iddoo garagaratti mul'see jira.Qooddatttuu Shewaneshin mala akka isheen fakkaatuu kallattin ibsee jira.

> *...Intali qal'oo diimtuu;kan hidhiin ishee saree bakka saawwi itti qalamtuu dhuuftuu fakkaatuu xiqqoof malee qaamni hormaatashee kan mul'atu ;erbee diimtuu hammaa arraba saree geessu uduutti marattee kophee koomeensaa yoo xiqaate sm10n olfagatura kortee...(Isuma, 2013:9)*

Barreessaan kuni asoosama kanaa keessatti fakkatti Shawanesha kallattin maal akka isheen fakkaatu ibsee jira.Isheenis qal'oo diimtuu ta'u ishee,hidhiin ishee diimaa,uffanni ishii diimaa haphii,kopheen ishii oldheeraa ta'uu barreessichii fakkaatti ishii kallattin mul'isee jira.

### 3.2.2. Qooddachiisa Alkallatti

Malli qooddachiisuu barreessaan asoosams Madaa Ciqilee itti fayyaadamee inni biroon qooddachiisuu alkallattiti.Asoosama kana keessatti dubbisooni akka maalummaa qooddattoota argataniifi qabatamaa taasisuuf mala kana fayyadameera.Odeeffannoofi waa'ee qooddattoota agarsuusuuf karaa deddebisaa, dhaabbannaa, yaada dhuunfaa,yaada qooddattootafi gocha isaanin asoosama kan keessatti qooddachiiseera.

#### 3.2.2.1. Deddebisa (Dialogue)

Asoosama kana keessatti deddebisi qooddattootaa gidduutti mul'atu kan Falmataafi harmee isaa addee Biliiseetti.Falmataan guyyaa gaafa Kibxata ture waa'ee obboleessa isaa essaa akj inni jiruu barbaaduf yaadan uttu dhiphatu halkaan san guutuu osoo hin rafin ture.Innis waa'ee obboleessa isaa kana harmee isaa irraa baruuf uttuu isaan deddeebisa godhaani arginaa.

> *...Amma akkan waa tokko si gaafadhu naaf eeyyami jedhe.Haatisaas naasuu guddaan weerarmte."Ilmaakoo maal inni? "Waanti anni sidhoksuu maaltu jira? Akkas taanaan ani haadha kee osoo hin taane orma malee.Mee amnaa naaf himi ilmaakoo jette.Falmataanis deebidww harme tasgabaa'i;Innis maal yoo jette anii yoon biyyaa ba'uu obbeleessa koo Obseeraa xiqqaa isaattan dhisee deeme amma inni essaa dhaqe?(Isuma,2013:23).*

Falmataan rakkiin qabuu deddeebisa kan keessaa hadhaasatti ibsateera.Rakkiin inni qabuu yeroo biyyaa deeme obboleessa isaa Obseera manatti dhiise deemee.Ammaa immoo yeroo biyyaatti galu manaa isaa dhabbuun isaa rakkiina guddaa ta'ee isaa yaachiseera.Kanaaf haadha isaa gaafachuuf yeroo inni dirqamuudha.Yeroo deddeebisa kana gaggeessaan hatti isaa naasuu

heedduu weeraramuu ishee argiina.Akkasumalee Falmataan naasuu hadhaa isaa kana hubatee jecha nama tasgabeessuu fayyadamuun waalin dubbii Haarme isaa waliin gaggeessaa ture.Jechii inni fayyadamee kunis akka harmeen isaa naasuu ishee irraa baayantuufidha.

Asoosama kan keessatti deddeebisni biroon mul'atu immoo kan Obboo Galataafi Konkolaachisaatti.

> *...Si namaa takkaa konkolaataa yaabe hin beeknee har'a si yaabsifnaan ati immoo nu himmaatta miti?Yoo aarri mataa kee si ilaalan jaarsa fakkaata.Garuu, attii salphaada.Namoota ammaa kanaa keessaa kan kee masl caale?Doolaara maali baastee jedhee jaarsa guddaa biyyii ijaaf ilaalu salphise.Obboo Galataanis, deebisaani gurbaa umrii ati hammas irraa jirtu kana argeen darbe.Dargaggeessa si caalus manaa qaba.Akkasittis waan haaftu sitti hinfakkaattin.Hammayyuu dogoggora kee hin argin jirtaa?...(Isuma,2013:52).*

Konkolaachisan kun haarii obboo Galataa irraa qabu deddebisaa kana keessaa isaaf ibse jira.Baay'ee kan isaa haarsee namoota jiraan keessaa obboo Galataan baleessa inni hojeete dubbachuu isaanidha.Kanaafuu deddebisaa kanaarra kan hubbannu,nama guddaa yookiin jaarsooliin yeroo isaan kabajamuj dabuu isaanidha.Kunks immoo sababa fayyidaa mataa ofii jechaa yeroo namni jaarsolii kabajuu dadhabuudha.

### 3.2.2.2. Gochaa

Falmataan asoosama kana keessatti jaalala Boontuuf jecha yeroo inni waada waalif seenuufif jedhaan;inni immoo wanta qabaatani waadaa waliif galaan fiduu deemuu isaa argina.

> *...Tole amma daqiiqaa xiqqoof na egii jedhee arittiin gara buufata konkolaataa duranitti figee mooraa onaa keessatti coqorsa lo'aa biqilee jiru kutee harkatti qabatee of duubaa deebi'e.Amma Boontuu soda tokko malee kottu jedhee.Margaa fidee irraa qoodee itti keennee suuraa Odaa kan sibiila guddaa irratti fuulfuraa kaafteerichaa dhabbatu jiruu jala quphananii marga harkaasaani keessaa waal jijjiiranii akkas jechuun waadaa waliif seenuu eegalan....(Isuma,2013:95).*

Waraabbii armaan olii irraa waanti hubannuu,Falmataafi Boontuun asoosama kan keessatti gocha isaani kana yeroo ilaallu,kaafteeraa suuraa Odaa of irraa qabu jala ta'aani osoo isaan marga qabaatani waadaa jaalala osoo isaan waadaa waliif galaani argina.Gocha Falmataafi Boontuu kana irraa aadaa Oromummaa ofkeessaa akka qaban irraa argina.

#### 3.2.2.3. Ilaalcha Yaada

Asoosama kanaa keessatti Shewaayinesh ilaalchaa sanyummaa namaa qabaduudha. Kunis ilaacha isheen Oromoofi afaan Oromoof qabadu irraa kan mul'atudha.

> *...Kan isheen baruuf dirqamateefis afaanicha jaallatee osoo hin taane faayidaa dhuunfaa isheetiif.Kan isheen dhuftees karaa kaaba yoo ta'uu hortee uummata semeetikii akka tatee fuulashee irraayyuu nibeeksisa...Shawayinesha fiigichaan ariifatee muuziqaa taphachaa jiru rukkute keessaa baaftee "Indeet yaasxallal ye gallazafan"jette sirba afaan Amaaraa tokko galchitee qofumashee dukaa sirbuu eegalte...(Isuma,2013:13).*

Akka ilaalchaa yaada isheetti afaan Oromoo akka inni afaan amaariffaa gaditti ta'eetti ilaalluu isheedha.Akkasumalee ilaalcha yaada ishee irraa akka hubbatamuu;Amaaraa afaanifi Oromoo baroota hedduuf akka gaddi anaatummaatti ilaala akka turaan iraa hubbaana.

#### 3.2.2.4. Ilaalcha Qooddattootaa

Asoosama kana keessatti ilaailcha poolisiin Lammeessaaf qabuu akka inni farra taarsiimoo biyyaattiin akka ta'eetti ilaale.Yeroo poolisiin kuni Lammeessaa qoraatu ilaalcha inni isaaf qabu haalan ibse jira.

> *...Yeroo Lammeessaan himuuf,poolisiin yaakka qorachuuf ta'ee akka nama Oduu raadiyoo caqasuutti dhaggeeffate.Erga dhaggeeffatee xummureen boodas Yuunivarsiitii Finfinnee jettaan kunis namaa ajaa'iba!Akkamitti baroota qofaarraa si adaba?Tarkaanfiin siraatti fudhaatame sitti xiqqaate.Atti akka yaada keetiitti barattoota hunda boddeetti deebisuufi qufuu tarsiimoo mootummaa ta'uun kaayyoo kee galmaan ga'achuuf turte jechuudha.Kanaaf,namaa ilaalcha hamaafi dhiphaa akka keeti ammas hawaasa jijjiiruura ha burjajessu jedhe gadi sidhiiseefee?..(Madaa ciqilee, 2013:18).*

Warrabbii armaan olii kana irraa kan hubbannu,Lameessaan ilaalcha sirrii qabu,kan hawaasa isa dubbachuun yaada dhugaa ture.Garuu poolisiin immoo akka inni imammata yookiin tarsiimoo mootummaa kufisuuf akka ka'eetti ilaale.Akka yaada poolisiin Lammeessaan tarsiimoo mootummaa kufisee akka innii kaayyoo mataa isaa galmaan ga'achuuf jedhutti ilaale.

Walummaagalatti yaadonni xiinxalama turaan asoosama kana keessatti gama waldhabbiifi qooddachisuu ilaalachisee xiinxalame addeemsa garaagara keessaa darbuun kan xiinxalameedha.

## 3.3. Ciminaafi Hanqina Waldhabbii Uumuufi Qooddachisuu Keessatti Mul'ataan

### 3.3.1. Ciminaafi Hanqina Waldhabbii Uumuun Mul'ate

Asoosama Madaa Ciqilee keessaatti ciminii gama waldhabbii Uumuun mul'atee yeroo ilaaluu, waldhabbii namaafi namaa asosamichaa keessatti mul'atu heedduu ciminaa kan qabuudha. Akkasumalee, waldhabbiin asoosama kan keessatti argamuu inni biroon waldhabbii xiinsammuudha. Innis asoosamichaa keessatti ciminaa kana qabuudha. Kana malees waldhabbiin qooddataafi Uumamaa asoosamichaa keessatti uumame ciminaa kan qabudha.

Asoosamichaa keessatti gama waldhabbii uumuun hanqinii argamuu,barreessaan asoosamicha akaakuuwwan waldhabbii jiraan huddaa hin fayyadaminii darbeera.Kuni immoo asoosamichii gama waldhabbiin hanqinaa akka qabattu taasiseera.

### 3.3.2. Ciminaafi Hanqina Gama Mala Qooddachisuun jiran.

Mali qooddachisuu tooftaa barreessaan qooddattoota ittiin uumuudha.Asoosama kana keessatti ciminii gama qooddachisuun argamuu yeroo ilaallu:Akaakuuwwaan qooddachiisuu kallattin cimina niqaba.Innis barreessaan asoosamicha eenyummaa, fakkaatti isaani dhaabbaanna isaani kallattin dubbisoonni akka hubbataniif ibsee jira.

Hanqinii gama qooddachiisuu alkallattin asoosamichaa keessatti ni argama.Innis Dubbistoonni asoosamichaa maalummaa qooddattoota dafaani bira gahani akka hubbataanif rakkiisaa ta'uu danda'a.Kanaaf hanga ta'ee gama qooddachisuun hanqinii ni argama.

# BOQONNAA AFUR: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATA

## 4.1. Guduunfaa

Qorannaan kun kaayyoon isaa asoosama MADAA CIQILEE keessatti waldhabbiiwwan argamaaniifi tooftaa qooddachiisuu asoosamichaa agarsiisuudha.Gama biroon waldhabbiif qooddachiisuu barreessaan itti fayyadameefi yaaxinalee ammayyaan jiraniin walbira qabuun hanqinaafi cimi a isaa ilaaluudha.Kanaaf galma ga'iinsa kaayyoo kanaafis adeemsa adda addaa adeemameera. Innis kitaabota adda addaa sakkaatta'un ragaa walitti qabuufi kan waliitti qabame immoo bifa barreeffamaa waraqaa qoranniitti jijjiiruudha.

Barreessaan asoosama kanaa gosoota waldhabbii hundaa fayyadamuu baatus waldhabbiiwwaan akka waldhabbii xiinsammuu, waldhabbii namaafi namaafi waldhabbii qooddattafi uumamaatti fayyadameera.Asoosama kana keessatti waldhabbiiwwaan argamaniis qindaa'ina qabu.Obseerafi hiriyyoonni isaa asoosama kana keessatti goobaangaleessa.Waldhabbiin asoosamicha irraa caalaan waldhabbii namaafi namaa irraatti hundaa'eedha.Kun immoo waldhabbiiwwan asoosamicha keessatti argaman biroof daandii saaqeera.Waldhabbiin xiinsamuu qaama waldhabbii asoosama kanaa keessaa isaa tokko.Asoosama kanaa keessatti Falmaataan sammuu isaa waliin waldhaabaa ture.Kana malees waldhabbiin qooddatafi uumamaa ni Mul’ata. Waldhabbiin kunis Falmataafi uumaa isaa waliin waldhabbeedha

Walumaagalatti waldhabbiiwwaan asoosama kana kessatti argaman waldhabbii qooddataafi Uumaa, waldhabbii namaafi namaafi waldhabbii xiinsammuudha.

Akkasumas asoosama kana keessatti qooddattooni kallattiin qooddachiiseera.Karaa kana qooddattoonni mala akka fakkaatan,eenyummaa fi amala isaani ibsee jira.Innis Falmataan amala sodaa akka qabuu ibsee jira.Gama qooddachiisuu alkallattiin immoo deddebisa,gocha,Ilaalcha yaadafi ilaalcha qooddattootan eenyummaa qooddattoota dubbistoonni akka hubbataniif ibsee jira.

Walumaagamattk waliin dubbii qoddattoota,amala qooddattoota,yaada dhuunfaa isaanii, ilaachaa isaan qooddattatafi gocha isaan rawwaatan asoosama kana keessatti barreessaan agarsiisee jira.

## 4.2. Argannoo

Argannoon qorannoo kanaa irraa argaaman kanneen armaan gadiidha.

- Kaayyoo gooree tokkoffaan walqabatee argannoon gama waldhabbii asoosamicha xiinxaluun argamee;asoosamicha kessatti gosoonni waldhabbii argaman kanneen akka waldhabbii qooddataafi Uumaa,waldhabbii namaafi namaafi waldhabbii xiinsammuu akka ofkeessaa qabu bira gahameera.
- Kaayyoo gooree lammaffan walqabatee arganoon gama mala qooddachisuun asoosamicha keessaatti barreessaa qooddattoota asoosamicha itti mul'isee keessaa;qooddachiisuu kallattiin qooddachisee jira.Akkasumaale,gama qooddachiisuu alkallattiin ammoo deddebisaan,gochaa isaanin, ilaalcha dhuunfaa isaaniifi ilaalcha qooddattootan qooddachisee jira.
- Hanqinafi cimina asoosamicha gama waldhabbiifi qooddachiisuun mul'taan immoo;gama waldhabbiin cimiina niqaba.Gama qooddachiisuun kallattiin cimiina qabachuu isaa birraa gahameera.Hanqini isaa immoo gama qooddachisuu alkallattiin immoo hanqina akka qabuus birra gahameera.

## 4.3. Yaada Furmaata

Barreessaan tokko waldhabbiilee jiran maratti yoo fayyadameefi qooddattoota isaa haala gaariin yoo qooddachise asoosama sammuu dubbisaa keessa turuu danda'un barreessuu danda'a.

Kanaaf immoo barreessaan asoosama tokko:

- Barreessaan asoosama Akaakuuwwaan hundaa yoo fayyadamee asoosama sammuu dubbisaa keessatti hafuu danda'a.
- Kallatti qooddachiisuu irraa filatamaa ta'e beekuu qaba.
- Barruuwwaan waldhabbiifi qooddachiisuu irratti barraan dubbisuutu irraa eegama.

## Wabii


Addunyaa Barkeessaa. (2011).*Akkamtaa.*Finfinnee:Mega pulishing and distribution PLC

Asafaa Tafarraa.(2009).*Eelaa. Seenaa Ogbarruu Oromoo.*Finfinnee: Far-Est tarading PLC.

Caaltuu Waarqinaa "Xiinxala waldhabbiifi Ergaa Asoosama Faaya Mormaa".(2005). Yuuniversitii Finfinnee:Waraqaa Qorannoo Digirii 1ffaa (kan hinmaxxafamne).

Cassidy.(1991*).Enjoying Literature.*New York:MC.Garawhill.

Feedhaasa Taaddasaa.(2013).*Ogbarruu Oromoo.*Finfinnee:Subprinting press

Gove P.B.Ph.D(ed.(1964).*We bster's Third New International Dictionary.* USA:G&C.Merriam Company,pubilishers Speringeiel

Http//www,Fiction factor.Com/

Http/www-tnellen.com/Cybereng/

Israa'el Tafarre "Xiinxala Waldhabbiifi Qooddachisuu Asoosama Ichima Jaalalaa".(2011). Yuuniversitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo Digirii 1ffaa( kan hin maxxanfamen).

Israa'el Habtaamuu.(2013).*Asoosama Madaa Ciqilee.*

Jarraa Bashaafi Wasaanee Bashaa.(2008).*Bantuu Haaraa.Caaslugaafi Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee:Kalu printing press.

Melakneh Mangistuu.(1994).*Fundamental Of Literature For College.*Finfinnee:Boolee Printing.

Melamneh Mangistu.(2008).*Fundamental Of Literature*. Addis Ababa.

Oxford Dictionary Of English.(2005).*Sans Catherine and Stevenson Angus(ed*).Secod Edation Ravised Oxford University press.

Show Harry.(1976).Dictionary Of Litraty Terms.New York:Mc.Graw-Hill Book Company.

Zarihuun Asfaw.(1992).Yesinatsuf Masarwii.Addis Ababa University.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani baratasan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaannee, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkanneessa.

Maqaa Qorataa: ......................................................................

Mallattoo: ..................................................................................

Guyyaa: .....................................................................................

Maqaa Gorsaa: .......................................................................

Mallattoo: ..................................................................................

Guyyaa:......................................................................................